qaanqee@hotmail.com

Lakk. 14 Guraandhala, bara 2003

Hangi tokko beekkaan, hangi biraa fayyaalummaan,
irra hedduun ammoo
wallaalaan, qabsoo bilisummaa Oromoo laamshessan.

Akkaataa qabsoon bilisummaa Oromoo ardha keessa jiru namni xiinxalle, “maaltu qabsoo kana duubatti hanbise?” jedhee gaafatuun isaa waan hin hafne. Gaafii kanaafis deebiin adda addaa dhihaatuun ni mala. Haatahu malee, kan balleessuf fi kan tolchus namuma waan taheef jecha, walumaagalatti, dhukkuba jaarmayoota bilisummaa qancarse kanas namootumatu uume.

Namoota yoo jedhamu, hogganootaa fi miseensota, akkasumas deeggartoota dabalata. Isaan kun martinuu, sadarkaan isaa wal haa caalu malee, miidhaa kallattiin yookaan harka gara biraatiin jaaramyoota irra geessantu sochii bilisummaa duubatti hanbisee yoo jetne dogoggorra nutti hin fakkaatu. Haqni ifatti mul’atu: namootni hangi tokko osomaa beekan, bolola aangoof qaban fiixa baafatuuf jecha, kufaatii ardhaa kanaan saba gahan. Namootni hangi tokko ammoo, bilisummaaf hawwuu malee, shira qabsoo duubaa jira mil’atanii ilaaluu hin dandeenne yookaanis hin barbaadne.

Miseensotaa fi deeggartootni jaaramyootaa irra caalaan ammoo, wal-xaxiinsa siyaasaa hubatuu dhaaf dandeettii gahaa hin qaban. Garuma bubbise daddaaquu dhaan, bonaa-ganna harka tuman. “Ebalu seera dhaabaa cabsee” jedhamee yoo itti himame, abaaruu, “ebalu qabsaawaa keenya” yoo jedhame, leellisuu malee gad-fageennaan haalli isaan keessa beekan hin jiru. Haalaa-amalli bifa kanaa, wallaala irraa madda. Wallaalli ammoo gowwummaa dhala.

Gowwaan namaa, manuma keessumummaa-f keessa bubbule handhuuraa isaa sehee falmata. Sabboonaan fayyaalessis, dhaaba siyaasaa kan abbaa uumate qabu, guyyuma tokkicha keessa seeneen abbaa caalaa abbaa itti tahee sochoosuu (sossoosuu) barbaada. Kan isaa hin galin garuu, farda yoo huddeellatan, akkuma abbaan oofetti wajji deeman malee, “anaaf jecha farda kee halangeen wawwaxali” jechuun fayyaalummaa tahuu isaati. “Kan arii'fate irraa bu'ee lafoo saffisuu qaba”, abbootni jedhanis akka jiran yaadatuun barbaachisaa dha.

Qabxiin kun, jarreen kaleessuma dhaaba keessa seenanii abbaa itti tahuu barbaadan ilaala. ABOn, akkuma dhaabota biraa sabboonota isa ijaaran qaba. Irra caalaan isaanii wareegamaniiru. Hangi tokko ammoo shira adda addaa tiin miseensummaa mulqamanii keessaa baafamuu dhaan dhaabuma ofii ijaaranitti keessummaa tahanii moggaa jaajjanii ilaalaa jiru.

Jarreen ardha carraa (hiree) argatanii taaytaa dhuunfatan, dhaabaa fi kaayyoo ganamaa kan isaatis geeddaranii, ABO, loon tiksee hin qabne taasisan. Maal haa godhan ree? “Akka beekanitti mana eegan

jette sareen” jedhamaa mitii! Jarreen beekkaan qabsoo kuffisan ka nu jenne isaan kana!

Dhugaan jiru yoo ifatti himne, ABOn dhaaba Obboo Leencoo Lataa duuba taa’ee ayyaana aangoo itti ilaallatu tahee hafe. Bakka bu’oonni isaa, ajaja golgaa jalaan itti kennamu fiixa baasuuf, sabboonota “qabsoo malee bilisummaan hin jiru” jedhan mara tokko tokkoon diina nyaachisan; yookaanis sababaa adda addaa tiin maqaa xureessanii dhaaba keessa darban.

Haqa dubachuudhaaf, “mee eenyutu ABO hogganaa jira”? Jara lameen Asmaraa qubatanii fi Leencoo dha. Qondaaltonni kuun, maqumaaf yoo tahe malee maal murteessuu dandawu? Yoo gaafii tokko dhiheessan, “farra-qabsoo ti“ jedhamanii, ‘mooticha-baraa’, obboo Isaayyaas-tti kennamu. Kun waan hin hafne tahuu isaa Qaanqeen Bosonaa guutummatti amana. Warri shakkii qabdan akkuma kanaan dura jechaa turre, ammas, obsaan guyyaa san wajjiin haa eegnuu isiniin jenna.

Hogganni guyyaan ol-baase kun, SBO-tti gargaaramee olola ganda keessaa funaanee facaasuu dhaan, ummata Oromoo bal’aa ficcisiisaa jira. Injifatnoo hin jirre afuufuu dhaan, Wayyaanee duulaaf si’eessa; gandootaa fi namoota maqaa waamee, ija Wayyaanee irra buusisa. Haala fokkotaa akkanaa tiin, gootota hiriyyaa hin qabnetu Oromiyaa keessatti akka baalaa-tti harca’aa jira.

Asmaraa fi Jarman (German) taa’anii, ‘dargaggoonni ganda ebaluu, SBO-f maallaqa gumaatan, barattootni mana-baruumsa ebaluu Wayyaanee abaaranii murtii dabarsan…” kwf jedhanii mannaaguun, lubbuu ummataa qiqaasuu dha. Dhuguma hogganootni ABO kana wallaalanii tii? Miti!

Ee, “adurreef tapha, hantuutaaf lubbuu dha” akkuma jedhame san, SBO waan dubbatu dhabee-f sanumatu oduu; ummataaf immoo lubbuu. Kun, beekkaa ummata ficcisiisuu dha. Akka ilaalcha hogganoota kanaa-tti, ‘ummatni yoo ajjeechaa fi dararaan itti hammaate, Wayyaanee irratti fincilee qabsoof ka’a. Yoos ammoo, Wayyaaneen ABO-f gatii kennee, Kora-Araaraa waama” tarsimoo jedhamutu jira. Kun dogoggora daangaa hin qabne. Haa dhaabatu jenna!

Gara bu’ura dubbii jalqabneetti yoo deebine, akkuma maxxansaalee kanaan duraa keessatti addeessinetti, tooftaa fi tarsimoon dhodhommoqaan hogganootni jaaramyoota bilisummaa deemaniin, qabsoo bilisummaa laamshessaa jiraatuu isaa agarra. Haqa ifatti mul’atu kana, lammiiwwan sabaa sirnaan kan hubatan hin fakkaatu. Ardhas, hogganuma qaata du’e kanaaf, ija cufatanii harka tumu. “Jara lameen” balbala hoteelaa cufatee halkanii guyyaa Asmaraa keessa rafu, ilmi sabaa immoo, “nu bilisoomsuuf qabsaawaa jiran” jedhee abdata. Magan!!!

Qabsoon bilisummaa, hanga hoggana bilchinaa fi ejjannaa ititaa qabuun hin masakamnetti, eessa illee hin geettu. Heddummeenna ummataa duwwaan biyyi bilisa baate hin jirtu. Dubbiin ijoon, hoggana murannoo fi ilaalcha gayaa qabu jalatti of-ijaaranii qabsaawuu dha.

Seenaa hawaasa addunyaa keessatti, ummatootni mata-duree cimaa dhabaan qabsoon harkaa qancarte, muuxannoo isaanii irraa wayta dubbatan:

"An army of sheep led by a lion would defeat an army of lions led by a sheep" jedhu. Hiikkaan isaa:

"Raayyaa hoolotaa kan leencaan hogganamutu,
raayyaa leencotaa kan hoolaan hogganamu moohata".

Makmaaksi kun, haqa qabatamaa haala qabsoo bilisummaa Oromoo calaqqisa. Qabsaawotni Oromoo loluu hin dhiifne. Ummatnis qabsoo gargaaruu irraa duubatti hin deebine. Garuu, hoggana sona-qabeessa dhabutu qabsoo bilisummaa bara baraan kolaase.

Qabsoo Yarattee Du'uuf Dhidhiitattu,
Gowwaan Dagaagina Sehee Gammada.

Gowwummaan, obboleessa wallaalaa ti; abbaa doofummaa ti. Qabsoo Oromoo keessatis gufuun guddaan sadarkaa sadaffaa dha wallaala. Miseensotni fi deeggartooti ardhaan tana haala keessa hin beekneef dibbee tuman irra hedduun isaanii, namoota ibsa fi labsa jaarmayootaatu sirnaan dubbisanii hubatuu hin dandeenne.

Hogganni duubatti hafaan, gumi bara baraan horii funaanatuu dhaaf biyyoota alaa keessatti qopheessu irraa jarreen eebbifamanii akka hoolota dammaqeetti wal-jala girrisantu, ergaa itti kennamee fi dhaamsa itti himame qabatee, sabboonota haqaa hamilee cabsuu dhaan siyaasaa bilisummaa sabaa booressaa jira.

Akkasumas, maallaquma jarreen kun funaananiin, hogganni laamshawaan raadiyoo 'kireeffatee' olola sobaa afuufuu dhaan ummata Oromoo gurra duucha.

"Dabballoonni" 'ministeerummaa boruutiif abjaawanis: Awuroophaa, Kanadaa, Awustraaliyaa fi Ameerikaa keessa fiffiiganii, akka afuuffaa qilleensaan guutameetti, olola itti himameen sammuu dhisamanii, lammiiwwan sabaa afoolleessaa jiran.

Dirree qabsoo keessattis, jarreen akkanaa kanatu ayyaanlaallattootaaf ulee tahee qabsaawota haqaa galaafate. Biyyaa fi alattis, isaantu sabboonota maqaa xureessee dhaaba keessaa baasise. Garaagarummaa fi wal-fakkii dhaabaa fi Oromummaa jidduu jirus addaan hin beekan. Oromummaa caalaa dhaaba caalchisuu fedhu.

Oromo-tu qabsoof jecha dhaaba dhaabe malee, dhaabni qabsoof ijaarame Oromoo hin dhalle. Dhaabni ni uumama; guddatee dhimma tolfameef fiixaan gayee yookaanis qancaree du'a. Oromoo fi Oromummaan garuu, kaleessas ture; ardhas jira; borus ni jiraata. Dhugaan beekamuu qabu kana!

Dhaabni bilisummaa dirqama dhalateef qaba. Lammii saba gurmeessee, hogganee, qabsoo bilisummaa irratti bobbaasa.Kanaaf, deeggarsa hawatee jaalatama. Gowwaan ammoo, dhaaba kanaaf umrii dheeraa kadhata. San jechuun, "Yaa Waaqayyoo gabrummaa keessa nu tursiisi" jechuu dhaan wal-qixa. Kun, fayyaalummaa yookaan wallaala irraa marge jennee mee bira haa dabarruu!

Qabxiin ijoon, dhaaba tokko faaydaa inni sabaa fiduuf jecha jaalatuu dha malee, sabuma isuma sanuu uume caalchisanii jaalatuun, wallaala daangaa hin qabne. 'Dhaabni an deeggaru Oromoo dhaaf maal hojjataa jira?" jedhanii of-gaafatuun hayyummaa dha. Akka 'jooniyaa' cirdhachi dhiseetti, oduu sobaa tiin guutamanii biddiiqfatuun gowwuummaa dha. Itti yaadamuu qaba!

Gowwummaan yookaan fayyaalummaan miseensonni Adda Bilisummaa Oromoo irraa caalaan isaanii ardha keessa jiran, haalaa bara durii-dur tahe kan kitaabni amantii Islaamaa ibsu tokkoon walfakkaata. Innis: ergamtoota (nabiyyoota) Rabbii keessaa kan afaan uumama hundaatuu dubbata jedhamu Suleeymaan ture. Namaa fi jinniinis isaaf ajajamaa turan. Gaaf-tokko, akkuma dhaabatee irkatetti du'e. Kan isa ilaaluuf nama lubbuun jiru fakkaata. Kanumaaf, erga inni due boodas, wama lubbuun jiru seehuu dhaan jinniiwwan martinuu ajaaja inni dur itti kenne fiixa baasuu dhaaf waggaa afur guutuu hojjataa(-fii) turan.

Akkuma san kunoo lammiiwwan Oromootis dhaaba hoggana dhabaan yaratee, nafni (qaamni) xochatee, odatti irkatee dhaabatu, akka waan lubbuu qabuutti 'muudaa', dhaadheessaa, dagaagina isaa tiin dhaadataa jiru.

Dhaabni hoggana hin qabne, lubbuu hin qabu. Nama isa ilaaluuf kan lubbuu qabu fakkaata malee inni erga hadoodee diilallaawee hafee tureera. Miseensonni 'fayyaaleyyii' fi 'gowwaaleen' garuu, ammas isuma kana moggaa fiffiigaa of-booharsuu dhaaf shubbisaa jiraatuu isaanii argina.

Shubbifni ammaa, inumaa roga dhabaa jira. Namayyuu osomaa yadalii wal-fakkaatuun waliisu, kuun ni ragada, kuun ni dhiichisa, kan biraa shaggooyyee bu'a,. Hundinuu akkuma itti fakkaatetti utaala. Ummatni Oromoo ammoo maqaa kanaan haxaawamaa jira. Jarana falli maali??

Dhaaba ummatni Oromoo dhiigaafii jiru, kan goototni qaqqaaliin wareegamaniiftu amma kunoo roga dhabee, ayyaanlaallattoota homaa hin beekneen booji'amee du'uuf dhidhiitataa.

Beekkaanis tahii wallaalaan, yookaanis fayyaalummaan ummata sobuun, kana booda umrii dheeraa hin qabaatu.

Akkuma mata-dureen Ameerikaa tokko dur jedhanitti: "Ummata mara yeroo haga tokkof sobuun ni dandahama; ummata haga tokko ammoo, yeroo mara sobuun ni dandahama; ummata mara, yeroo mara sobuun garuu hin dandahamu."

Kanaafuu, haqxi nu waggoota sadeen dabran dubbataa turre guyyaan ummata biratti ifatti beekamu dhihaataa jira. Shirri ilmaan Lataa fi kittillayyoowwan isaanii ABO fi qabsoo Bilisummaa Oromoo ittiin kuffisan, kan aangoof jecha lammiiwwan sabaa ittiin ficcisiisan, barri itti saaxilamu barana. Jaallan bilisummaa haqaatiif 'ni lolla' jedhanii bosona Oromiyaa keessatti hafan gameeyyiiwwan, tokkoo tokkoon hogganni dhabamsiise kun, yoomuu caalaa bara saaxilamuuf jiraata.

Hoggana gahaa fi qajeelfama murtaawaa dhabuu dhaan qabsaawotni bosonaa fi magaalaalee keessatti akka baalaatti harca'an tokkoo-lamaa miti. Kan ture yoo dhiifne, ajajoonni gameeyyiin miseensotni WBO akkaan itti abdatu kanneen dhiheennuma kana Oromiyaa Bahaa keessatti kufan, yoomuu caalaa lammiiwwan Oromoo tiif fakkeenna guddaa tahan.

Kora bara baraan Ameerikaa Kabaa keessatti deemsifamu sossobuuf, aangawootaa fi jala-deemtuuwwan isaanii, Adoolessaa fi Hagayya keessa "duulaa fi injifatnoon" maqaa WBO tiin labsaa turan, mee barana hoo eessaa dhufinna laata? Duula naannoo Booranaa keessatti ilmaan Oromoo lameen wal-ficcisiisuuf bakka-bu'oonni garee Asmaraa maandheffatee geggeessan san tahinaa? Yeroon guyyaa itti eeggatee haa deebisu jenna!

Maqaa koraa tiin, bara hunda fuula 'haarawa', tooftaa amantii fi kutaa addaan eeggateen alatti erganii, maallaqa funaanatuunis umrii dheeraa hin qabaatu. Jilli kana booda oduu sobaa facaasuuf ergamus, Hayyu-Dureee fi aangawicha ayyaan-laallataa Kibbaa Oromiyaa keessatti ilmaan sabaa wal-nyaachisaa jiru yoo tahe malee kan hafe hin jiru.

"Namni bishaan fudhate hoomacha qabata" akkuma jedhamu san taheeti, namootni heddu dhaaba mataa isaatiifuu du'uuf dhidhiitataa jiru abdatan malee, walumaagalatti, jaarmayni akka yaadametti qabsoo Oromoo tarkaanfachiisaa jiru alaa fi biyya keessas hin jiru. Humni ittiin ummata sobaa turanis ammaa'achi hin jiru. Hin jiru!

Jaallan qaqqaalii hiriyaa hin qabnetu, tumsa dhabaan haleellaa diinaatiif saaxilame kufe. Qajeelfama tooftaa fi tarsimoo sirnaa hin qabneen bobbaafamanii qabsaawotni wareegaman, heddu garaa nu nyaatan. Yakka hamaa, namummaa ilma nama gatii dhabsiisu-tu isaan irratti hojjatame. 'ABO-n ni jira' akka jedhamu qofaaf gochi sun dalagame.

Abdii mi'aawaa dhaan ummata daguu (sobuu) mannaa, dhugaa hadhaawaa itti himanii si'eessuu (kakaasuu) wayya jenna!

Radiyoo SBO-tiin duula hin jirre ololuun, "ijoollee" aangoo boruu abjaawan baddaa lagatti erganii soba facaasuun, qabsoo miti yaa jarana! Warri utuu dhugaa jirtu beekan bu'aaf jecha soban, haa sobanii dhiisaa! Sabboonotni fayyaalummaa fi wallaalaan hanga ardhaa sobamtan garuu dammaqaa! Dhugaa jiru baraa! Aanaa fi fira biyyatti isin hafe gaafadhaa dhugaa jiru argaa! Lola samii fi dachii jiddutti (giddutti), qilleenssa keessatti lolame sanis addaan baafadhaa!

Yaa lammiiwwan Oromiyaa!

Salphina ardhaa kana keessaa baanee haqa Oromoo falmatuu dhaaf furmaatni jiru, alaa fi biyyattis yaadaa, jaarmaya fi humna haarawaan (haaraan) ka'anii rogaa fi bifa addaa-tti wal-ijaaruu dha. Konkolaataa bareeda 'shofeera' hin qabne gubbaa kottooffannee taa'uun bakka itt imallu san nu hin geessu. Konkolaataa bareeda namni jibbu hin jiru.
Suuraa kaasanii gidaara irratti maxxanfatuu qofaaf yoo tahe malee, konoklaataa 'motoora' hin qabne

kaasuuf dhiibuun, duuyda (duugda) of-kutuu dha. “Warri kanuma nuuf wayya” jettan ‘jabaadhaa’ dhiibaa!. “Konkolaataa akkanaa eeguu mannaa, lafoo-s ta’u kaanee deemna! ” warri jettan immoo ka’a, harka wal-qabatnee haa kaanuu!!! Kana gochuu dhaaf tarkaanfiin duraa, namuu olola sobaa habbuuqatuu jalaa sammuu ofii bilisoomsutu irraa eeggama!

-Hogganni cimaan qabsoo keessatti dhalata!
-Hawwii fi abdiin duwwaan biyya hin bilisoomsu!
-Lafee fi dhiigni qabsaawotaa, lammiiwwan sabaa-tti iyyaataa jira!
-Furmaatni, qabsoo dhaa!

Qopheessitoota Qaanqee Bosonaa – irraa
Guraandhala, bara 2003